Waggaa 33 ffaa..... Lak. ..........5/2017
33ኛ ዓመት........ቁጥር............5/2017
33thyear ........... No. ..............5/2024

Finfinnee,..........Waxabajjii 22 Bara 2012
ፊንፊኔ፣.................. ሰኔ 22 ቀን 2012 ዓ.ም
Finfine,...............................June 29, 2020

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ............. Qarshii 30<br>የአንዱ ዋጋ ...................... ብር 30<br>Unit Price ......................... Birr 30 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>የፖ.ሣ.ቁጥር ..............21383-1000<br>P.O.Box ...................... 21383-1000 |

QABIYYEE

**Dambii Lak. 215/2012**

Dambii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak 215/2012 ......Fuula 1

ማውጫ

**ደንብ ቁጥር 215/2012**

የኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽንን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር 215/2012 .......................................ገጽ 1

CONTENT

**Regulation No. 215/2020**

Regulation to Establish Oromia Industrial Parks Development Corporation No. 215/2020 .............................Page 1

## Dambii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakkoofsa 215/2012

Korporeeshiniin Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa fi Dhaabbatni Gabaa Oomisha Qonnaa Oromiyaa yoo walitti makaman horataalee qaban karaa qindoomina qabuun fayyadamuun gabaa bilisaa keessatti dorgomanii bu'aa buufatanii ergama isaanii karaa amansiisaa ta'een galmaan gahuu fi ergama ol'aanaadhaaf dandeettii isaanii cimsachuun guddina diinagdee mirkaneessuu keessatti qooda murteessaa bahachuu kan danda'an ta'uun waan itti amanameef;

## የኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽንን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር 215/2012

የኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን እና የኦሮሚያ ግብርና ምርት ገበያ ድርጅት ከተዋሃዱ ያላቸውን ሃብትና ንብረት በተቀናጀ ሁኔታ በመጠቀም በነጻ ገበያው ውስጥ ተወዳድረው ትርፋማ በመሆን ተልዕኳቸውን በአስተማማኝ ሁኔታ እንደሚያሳኩ እና ለላቀ ተልዕኮ አቅማቸውን በማዳበር የኢኮኖሚውን ዕድገት በማረጋገጥ ሂደት ውስጥ ወሣኝ ሚና ሊወጡ የሚችሉ መሆኑ ስለታመነበት፤

## Regulation to Establish Oromia Industrial Parks Development Corporation No. 215/2020

WHEREAS, it is strongly believed that the merger of Oromia Industrial Parks Development Corporation and Oromia Agricultural Products Market Organization can help them utilize their resources in an organized manner and become profitable in the free market competition and thereby, certainly attain their intended mission and play their pivotal roles in the strive to ensure economic growth through building their capacities for a further achievement;

Korporeeshinii fi Dhaabbata kana walitti makuun Korporeeshinii bu'aa qabeessaa fi dorgomaa ta'e tokko hundeessuun sochii misooma industirii akka biyyaattis ta'e akka naannootti babal'achaa dhufe keessatti hirmaatee faayidaa mootummaa fi ummanni naannichaa argachuu qabu argamsiisuun diinagdee naannichaa akka utubu gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 213/2011 keewwata 71(2) fi Labsii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Lakkoofsa 181/2005 keewwata 41 tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "Dambii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa Lakkoofsa 215/2012" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) "Abbaa Taayitaa" jechuun Abbaa Taayitaa To'annoo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
2) "Boordii" jechuun Boordii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa bu'uura Dambii kanaatiin hundaa'e jechuudha.
3) "Bu'aa Qulqulluu" jechuun maallaqa galii fi kaffaltii adda addaa irraa argaman irraa baasii adda addaa fi bara baajataa keessatti hojii gaggeessituu, mindaa fi herregaawwan seeraan baasii ta'an, gatii tilmaama dullummaa akkasumas dhalaa fi taaksiiwwan adda addaa irraa hir'ifamee herrega hafu jechuudha.

ኮርፖሬሽኑን እና ይህን ድርጅት በማዋሃድ ውጤታማና ተወዳዳሪ የሆነ አንድ ኮርፖሬሽን በማቋቋም እንደ ክልልም ሆነ እንደ ሃገር እየተስፋፋ በመጣው የኢንዱስትሪ ልማት እንቅስቃሴ ውስጥ በመሣተፍ የክልሉ መንግሥት እና ሕዝብ ማግኘት ያለባቸውን ጥቅም በማስገኘት የክልሉን ኢኮኖሚ እንዲደግፍ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስፈጻሚ አካላት አዋጅ ቁጥር 213/2011 አንቀጽ 71 (2) እና በመንግሥት የልማት ድርጅቶች አዋጅ ቁጥር 181/2005 አንቀጽ 41 መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል፡፡

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**1. አጭር ርዕስ**

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ የኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን ደንብ ቁጥር 215/2012" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

**2. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-

1) "ባለሥልጣን" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥት የልማት ድርጅቶች ቁጥጥር ባለሥልጣን ነው፡፡
2) "ቦርድ" ማለት በዚህ ደንብ መሠረት የተመሠረተ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን ቦርድ ማለት ነው፡፡
3) "የተጣራ ትርፍ" ማለት ከበጀት ዓመቱ ገቢዎችና ልዩ ልዩ ተሰብሣቢ ሂሣቦች ላይ የተለያዩ ወጪዎች፣ የሥራ ማስኬጃ፣ ደመወዝ እና ሕጋዊ ተከፋይ ሒሳቦች፣የእርጅና ቅናሽ ግምት እንዲሁም የተለያዩ ወለድና ታክሶች ከተቀነሱ በኋላ የሚቀረው ሒሳብ ነው፡፡

WHEREAS, it has become imperative that through merging these Corporation and Organization to establish one profitable and competent Corporation capable of ensuring the benefits of the government and people of the Region through participating in the industrial development movements or activities expanding nowadays both at the Regional and National levels;

NOW, THEREFORE, in accordance with Oromia Regional State Executive Organs Proclamation Number 213/2019 Article 71 (2), and the Public Enterprises Proclamation Number 181/2013 Article 41, the following Regulation is hereby issued:

## Part One
## General Provisions

**1. Definitions**

This Regulation may be cited as "Oromia Industrial Parks Development Corporation Regulation, Number 215/2020"

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise, in this Regulation:

1) "Authority" means Oromia Regional State Public Enterprises Regulatory Authority.
2) "Board" means the Board of Oromia Regional State Industrial Parks Development Corporation established in accordance with this Regulation.
3) "Net Profit" means the money/finance remained after deducting various expenditure and operation expenses in the fiscal year, salary and legally payable accounts, depreciation value estimation as well as interests and various taxes from the money obtained of revenues and various receivables within the fiscal year.

4) “Giddugala Ce’umsa Baadiyyaa” jechuun bakka paarkiin industirii qonna qindaa’an itti argamu irraa fageenya naannoo kiiloomeetira dhibba lamaa fi shantama (k.m. 250) keessatti kan argamu ta’ee, meeshaalee dheedhiin galtee paarkii industirii qonna qindaa’aaf ta’uu danda’an kan wiirtuu kuusaa oomishaa irraa iddoo itti walitti qabamuu yookiin itti qulqullaa’u yookiin itti sadarkeeffamu yookiin gatiin isaanii itti murtaa’an ta’ee giddugala qonnaa fi industirii walitti hidhuu jechuudha.

5) “Kaappitaala” jechuun Korporeeshinichi yeroo hundeeffamuu fi erga hundeeffame booda mootummaa naannichaatiin kan ramadamuuf qabeenya qulqulluu waliigalaa yeroo ramadametti gatii inni qabu jechuudha.

6) “Kilaastara Industirii Maanufaakcharingii Buleeyyii” jechuun iddoowwan oomishaa fi gurgurtaa G+0 fi isaa ol ta’anii baajata mootummaa naannichaatiin magaalota keessatti ijaaramanii Korporeeshinichaaf dabarfaman jechuudha.

7) “Korporeeshinii” jechuun Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa bu’uura Dambii kanaatiin hundeeffame jechuudha.

8) “Labsii” jechuun Labsii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 181/2005 jechuudha.

9) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

10) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.

11) “Odiitara” jechuun akkaataa Dambii kanaatiin herrega Korporeeshinii kan qoratu nama uumamaa yookiin dhaabbata qaamni seerummaa kennameef jechuudha.



4) “የገጠር ሽግግር ማዕከል” ማለት የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርክ ከሚገኝበት ቦታ በሁለት መቶ ሃምሣ ኪሎ ሜትር (250 ኪ.ሜ) አካባቢ ርቀት ላይ የሚገኘው ሥፍራ ሆኖ፣ ለተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርክ ግብዓት የሚሆኑ ጥሬ ዕቃዎች ከምርት ማከማቻ ማዕከል የሚሰበሰብበት ወይም የሚጣራበት ወይም ደረጃ የሚሰጥበት ወይም ዋጋቸው የሚወሰኑበት ቦታ ሆኖ፣ ግብርናን እና ኢንዱስትሪን የሚያስተሳስር ማዕከል ማለት ነው፡፡

5) “ካፒታል” ማለት ኮርፖሬሽኑ በሚቋቋምበት ጊዜ እና ከተቋቋመ በኋላ በክልሉ መንግሥት የሚመደብለት ጠቅላላ የተጣራ ሃብት በተመደበበት ጊዜ ያለው ዋጋ ማለት ነው፡፡

6) “ነባር ማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተር” ማለት ጂ + 0 እና ከዚያ በላይ የሆኑና በመንግሥት በጀት በከተሞች ውስጥ ተሰርተው ለኮርፖሬሽኑ የተላለፉ የማምረቻና መሸጫ ቦታዎች ማለት ነው፡፡

7) “ኮርፖሬሽን” ማለት በዚህ ደንብ መሠረት የተቋቋመ የኦሮሚያ የኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን ማለት ነው፡፡

8) “አዋጅ” ማለት የኦሮሚያ ክልል የመንግሥት የልማት ድርጅቶች አዋጅ ቁጥር 181/2005 ማለት ነው፡፡

9) “መንግሥት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ማለት ነው፡፡

10) “ክልል” ማለት የኦሮሚያ ክልል ማለት ነው፡፡

11) “ኦዲተር” ማለት በዚህ ደንብ መሠረት የኮርፖሬሽኑን ሒሳብ የሚመረምር የተፈጥሮ ሰው ወይም ሕጋዊ ሰውነት የተሰጠው ተቋም ማለት ነው፡፡



4) “Rural Transformation Center” means an area found within a distance of about two hundred fifty kilo meters (250 km) away from an integrated industrial park where the raw materials which can be used for inputs of integrated agro-industrial parks be collected or cleaned or standardized or their price be determined from production stock centers; and is a center linking agriculture and industry.

5) “Capital” means the value of the total net asset at the time of allocation of the asset allocated by the Regional State during the establishment of the Corporation and after its establishment.

6) “Existing Manufacturing Industry Clusters” means the production and market places of G+0 and above buildings constructed in the urban centers by the government budget and transferred to the Corporation.

7) “Corporation” means Oromia Industrial Parks Development Corporation established as per this Regulation.

8) “Proclamation” means Oromia Region Public Enterprises Proclamation Number 181/2013.

9) “State” means Oromia Regional State.

10) “Region” means Oromia Region.

11) “Auditor” means natural or juridical person who audits or investigates accounts of the Corporation in accordance with this Regulation.

12) "Paarkii Industirii" jechuun kaayyoowwan guddina industirii kan qabate ta'ee, karoora bu'uura godhatee kan akka daandii, humna elektiriikaa, bishaan, tajaajila foddaa tokkoo fi bu'uuraaleen misoomaa barbaachisaan kana fakkaatan kan guutameefii industiriiwwan hunda qabeessa, qindaa'aa, gosa hedduu yookiin gosa tokkoo, yookiin walfakkaatina kan qaban haala walirraa fudhachuu danda'aniin misoomsuuf kan hundeeffamu daangaan kan kaa'ameef iddoo murta'e yoo ta'u, Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa fi Paarkii Industirii Addaa akkasumas, kanneen walfakkaatan biroo Mootummaa Naannootiin moggaafaman ni dabalata.

13) "Paarkii Industirii Qonna Qindaa'aa" jechuun giddugala industirii qonna qindaa'aa hunda-qabeessa yookiin qindaa'aa yookiin gosa hedduu yookiin gosa tokkoo ta'ee bu'uuraalee misoomaa kan akka daandii, humna elektiriikaa, bishaanii, tajaajilli foddaa tokkoo fi kan kana fakkaatan guutameefii industiriiwwan bu'aalee oomisha qonnaa yookiin bu'aalee horsiisa beeyiladaa yookiin bu'aalee horsiisa qurxumii akka galteetti fayyadamuun gara oomisha warshaatti jijjiiruun kan baasanii fi haala galtee waliif kennuu danda'aniin kan hundeeffamu yookiin kan misoomu iddoo daangaan isaa murtaa'e jechuudha.

14) "Pirezidaantii" jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

15) "Qabeenya Waliigalaa" jechuun qabeenya Korporeeshinichaa kan socho'uu fi hin sochoone, galiiwwan Korporeeshinichaa hin sassaabamne, maallaqa dheedhii, herrega baankii, baasiiwwan dursanii kaffalamanii fi herrega biroo galii ta'uu qaban hunda kan dabalatuudha.

12) "ኢንዱስትሪ ፓርክ" ማለት የኢንዱስትሪ ዕድገት ዓላማዎችን የያዘ ሆኖ፣ ዕቅድን መሠረት በማድረግ እንደ መንገድ፣ የኤሌክትሪክ ኃይል፣ ውሃ፣ የአንድ መስኮት አገልግሎት እና የመሳሰሉት አስፈላጊ መሠረተ-ልማቶች የተሟሉለት ሁሉን-አቀፍ፣ የተቀናጀ፣ ብዝሃ-ዓይነት ወይም አንድ ዓይነት ወይም ተመሣሣይነት ያላቸው ኢንዱስትሪዎችን እርስ በርሣቸው ተመጋጋቢ ሊሆኑ በሚችሉበት አኳኋን ለማልማት የሚቋቋም ወሰን የተቀመጠለት የተወሰነ ቦታ ሲሆን፣ የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርክን እና ልዩ የኢንዱስትሪ ፓርክ እንዲሁም በክልሉ መንግሥት የሚሰየሙ የመሣሰሉ ሌሎችንም ይጨምራል።

13) "የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርክ" ማለት ሁሉን-አቀፍ ወይም የተቀናጀ ወይም ብዝሃ-ዓይነት ወይም አንድ ዓይነት የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ማዕከል ሆኖ፤እንደ መንገድ፣ ኤሌክትሪክ ኃይል፣ ውሃ፣ የአንድ መስኮት አገልግሎት እና የመሳሰሉት መሠረተ-ልማቶች የተሟሉለት እና የግብርና ምርት ውጤቶችን ወይም የእንስሳት እርባታ ውጤቶችን ወይም የዓሣ እርባታ ውጤቶችን እንደ ግብዓት በመጠቀም ወደ ፋብሪካ ምርት በመቀየር የሚያወጡ እና ግብዓቶችን ሊለዋወጡ በሚችሉበት ሁኔታ የሚቋቋም ወይም የሚለማ ወሰኑ የተወሰነ ቦታ ማለት ነው።

14) "ፕሬዝዳንት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ማለት ነው።

15) "አጠቃላይ ሃብት" ማለት የኮርፖሬሽኑ ተንቀሳቃሽ እና የማይንቀሳቀስ ንብረት፣ ተሰብሣቢ የኮርፖሬሽኑ ገቢዎች፣ ጥሬ ገንዘብ፣ የባንክ ሒሳቦች፣ ቀደም ብለው የተከፈሉ ወጪዎች እና ገቢ መሆን ያለባቸው ሌሎች ሒሳቦችን በሙሉ የሚጨምር ነው።

12) "Industrial Parks" means a certain definite area with its limited boundary having the objectives of industrial development for which facilities such as roads, electric power, water, one stop service and other necessary infrastructures are fulfilled based on plan; which is established to develop the inclusive, integrated, diversified or one type or similar industries in a manner they are able to feed or provide each other; and it also includes integrated Agro-Industrial Parks and Special Industrial Park as well as other similar ones to be designated or determined by the Regional State.

13) "Integrated Agro-Industrial Park" means an inclusive or integrated or diversified or one type Integrated Agro-Industrial Center for which infrastructures such as roads, electric power, water, one stop service and the likes are fulfilled where the industries which use agricultural products or livestock products or fishery products as inputs and convert them in to industrial products; and is a definite area with limited boundary to be established or developed in a manner that they can provide inputs for each other.

14) "President" means Oromia Regional State President.

15) "Total Asset" means which includes all movable and immovable assets of the Corporation, uncollected incomes of the Corporation, cash money, bank accounts, prepaid expenses and other receivable finances.

16) “Qooda Bu’aa Mootummaa” jechuun bu’aa qulqullaa’e irraa maallaqni herrega ofeegganoo seeraa fi herregoota ofeeggannoo birootti galii ta’an irraa hir’ifamee herrega hafu jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti koornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun Korporeeshinichaa fi hojiiwwan inni raawwatu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama
## Hundeeffama, Ittiwaamama, Aangoo fi Hojii Korporeeshinichaa

**5. Hundeeffamaa fi Ittiwaamama**

1) Korporeeshiniin Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa kanaan booda “Korporeeshinii” jedhamee kan waamamu Dhaabbata Misoomaa Mootummaa Naannichaa ta’ee Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Ittiwaamamni Korporeeshinichaa Abbaa Taayitichaaf ta’a.
3) Korporeeshinichi Labsii, Dambii fi Qajeelfama Dhaabbilee Misooma Mootummaa, seerota rogummaa qaban kan biroo fi Dambii kanaan kan bulu ta’a.

**6. Teessoo Waajjira Ol’aanaa**

Teessoon Waajjira Ol’aanaa Korporeeshinichaa Magaalaa Finfinnee ta’ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti bakka biraatti dameelee qabaachuu ni danda’a.

16) “የመንግሥት የትርፍ ድርሻ” ማለት ከተጣራ ትርፍ ላይ ወደ ሕጋዊ የመጠባበቂያ ሒሳብ እና ወደ ሌሎች መጠባበቂያ ሒሳቦች ገቢ የሆኑት ሒሣቦች ተቀንሶለት የሚቀረው ሒሳብ ማለት ነው፡፡

**3. የፆታ አገላለጽ**

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ሴትንም ይጨምራል፡፡

**4. የአፈጻጸም ወሰን**

ይህ ደንብ በኮርፖሬሽኑ እና እርሱ በሚፈጽማቸው ሁሉም ተግባራት ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

## ክፍል ሁለት
## የኮርፖሬሽኑ መቋቋም፣ ተጠሪነት፣ ሥልጣንና ተግባር

**5. መቋቋም እና ተጠሪነት**

1) የኦሮሚያ የኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን፣ ከዚህ በኋላ “ኮርፖሬሽን” ተብሎ የሚጠራ፣ የክልሉ መንግሥት የልማት ድርጅት በመሆን በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፡፡
2) የኮርፖሬሽኑ ተጠሪነት ለባለሥልጣኑ ይሆናል፡፡
3) ኮርፖሬሽኑ በመንግሥት የልማት ድርጅቶች አዋጅ፣ ደንብ እና መመሪያ፣ አግባብነት ባላቸው ሌሎች ሕጎች እና በዚህ ደንብ የሚተዳደር ይሆናል፡፡

**6. የዋና መሥሪያ ቤት አድራሻ**

የኮርፖሬሽኑ ዋና መሥሪያ ቤት አድራሻ ፊንፊኔ ከተማ ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ በሌላ ሥፍራ ቅርንጫፍ ሊኖረው ይችላል፡፡

16) “Government Profit Dividend” means the finance remained by deducting legal reserve funds and other deposited reserve finances from the net profit.

**3. Gender Reference**

In this Regulation, any expression in masculine gender includes the feminine gender.

**4. Scope of Application**

This Regulation shall be applicable to the Corporation and to all activities performed by the Corporation.

## Part Two
## Establishment, Accountability, Power and Functions of the Corporation

**5. Establishment and Accountability**

1) Oromia Industrial Parks Development Corporation, hereinafter called “Corporation” is hereby established as a Public Enterprise of the Regional State by this Regulation.
2) Accountability of the Corporation shall be to the Authority.
3) The Corporation shall be governed by the Proclamation, Regulation and Directives of the Public Development Enterprises, other applicable laws and by this Regulation.

**6. Seat of the Head Office**

Seat of the Head Office of the Corporation shall be in Finfinne and it may have branches at other places as it is necessary.

**7. Kaayyoo**

Korporeeshinichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) hojimaataa fi teeknolojii hammayyaa'aa oomisha duraa fi boodaa fayyadamuun oomishaaleen qonnaa galtee industirii ta'uu danda'an qonnaan bultootaan, horsiisee bultoonni, waldaalee hojii gamtaa, abbootii qabeenyaa biyya keessaa fi biyya alaatiin baay'inaan, akaakuu adda addaa fi qulqullinaan akka oomishaman qooda isarraa eegamu bahuun qaama dhimmi ilaalu waliin waliitti hidhamiinsa industirii fi qonnaa cimsuu;
2) Paarkiiwwan Industirii Qonna Qindaa'aa, Giddugaloota Ce'umsa Baadiyyaa fi Giddugaloota Oomishni itti walitti qabaman gidduutti akkasumas Paarkiiwwan Industirii kilaastarootaa fi industirii maanufaakcharingii gidduutti qindoominni akka uumamu taasisuun ce'umsa qonnaa irraa gara industiriitti taasifamu saffisiisuu;
3) imaammata diinagdee mootummaa fi hirmaannaa abbootii qabeenyaa bu'uura godhachuun misoomnii fi guddinni industirii maanufaakcharingii fi industiriiwwan agroo-piroosasiingii naannicha keessatti akka babal'atan gahee isaa taphachuu.

**8. Aangoo fi Hojii Korporeeshinichaa**

Korporeeshinichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Paarkiiwwan Industirii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii akkasumas, giddugaloota oomishni itti walitti qabaman ni ijaarsisa; ni ijaara; ni bulcha; ni kireessa; liiziin ni dabarsa;

**7. ዓላማ**

ኮርፖሬሽኑ የሚከተሉት አላማዎች ይኖሩታል፦

1) ዘመናዊ የቅድመ እና ድህረ-ምርት አሠራሮችንና ቴክኖሎጂዎችን በመጠቀም የኢንዱስትሪ ግብዓት ሊሆኑ የሚችሉ የግብርና ምርቶች በአርሶ አደሮች፣ በአርብቶ አደሮች፣ በኅብረት ሥራ ማህበራት፣ በሃገር ውስጥና በውጭ አገር ባለሀብቶች በብዛት፣ በተለያዩ ዓይነት እና በጥራት እንዲመረቱ ለማድረግ የሚጠበቅበትን ድርሻ በመወጣት ከሚመለከተው አካል ጋር የኢንዱስትሪና የግብርና ትስስርን ማጠናከር፤
2) በተቀናጀ አግሮ ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በገጠር ሽግግር ማዕከላት እና በምርት መሰብሰቢያ ማዕከላት መካከል እንዲሁም በክላስተር ኢንዱስትሪ ፓርኮች እና በማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪዎች መካከል ቅንጅት እንዲፈጠር በማድረግ ከግብርና ወደ ኢንዱስትሪ የሚደረገውን ሽግግር ማፋጠን፤
3) የመንግሥትን የኢኮኖሚ ፖሊሲ እና የባለሀብቶችን ተሳትፎ መሠረት በማድረግ በክልሉ ውስጥ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ እና አግሮ-ፕሮሰሲንግ ኢንዱስትሪዎች ልማት እና ዕድገት እንዲስፋፋ ሚናውን መጫወት።

**8. የኮርፖሬሽኑ ሥልጣንና ተግባር**

ኮርፖሬሽኑ የሚከተለው ስልጣንና ተግባር ይኖሩታል፦

1) የተቀናጀ የአግሮ ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የገጠር ሽግግር ማዕከላት፣ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮች እንዲሁም የምርት መሰብሰቢያ ማዕከላትን ያስገነባል፤ ይገነባል; ያስተዳድራል፤ ያከራያል፤ በሊዝ ያስተላልፋል፤

**7. Objectives**

The Corporation shall have the following objectives:

1) Strengthening Industry and agriculture interrelation through discharging/playing its roles to ensure the production of agricultural products to be used as Industrial inputs by the farmers, pastoralists, cooperatives, domestic and foreign investors in greater quantity, quality and diversity using the practices and the pre and post production modern technology;
2) To accelerate the transformation from agriculture to Industry through creating collaboration amongst integrated agro-industrial parks, rural transformation centers and production collection centers as well as industrial parks clusters and manufacturing industries;
3) Play its role in expanding the development and growth of manufacturing Industry and agro-processing industries in the region based on government economic policies and investor's participation.

**8. Power and Functions of the Corporation**

The Corporation shall have the following power and functions:

1) Cause the construction or construct integrated agro-industrial parks, industrial parks, rural transformation centers, manufacturing industry clusters as well as production collection centers; administer; rent; transfer in lease or sale;

2) kilaastara industirii maanufaakcharingii buleeyyii ni bulcha;
3) kallattii Abbaa Taayitaa fi Boordii irraa kennamu bu'uura godhachuun hojii hooggansa yookiin bulchiinsa Paarkiiwwan Industirii, Paarkiiwwan Industirii Qonna Qindaa'aa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii, Giddugala Ce'umsa Baadiyyaa fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa qaamolee birootiif waliigalteen dabarsuu ni danda'a;
4) faayidaalee Paarkiiwwan Industirii, Paarkiiwwan Industirii Qonna Qidaa'aa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii, Giddugala Ce'umsa Baadiyyaa fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa qaban beeksisuun abbootiin qabeenyaa biyya keessaa fi alaa, qonnaan bultoonni, horsiisee bultoonni, waldaaleen hojii gamtaa qabeenyaa fi gahumsa qaban akka keessa galanii hojjatan haala mijaawaa ni uuma;
5) Abbootii qabeenyaa biyya keessaa fi alaa fedhii qaban wajjiin waliigaluudhaan investimantii waliinii irratti ni bobba'a;
6) Paarkiiwwan Industirii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa giddu-utti qindoominni akka uumamu humna guutuun ni hojjata;
7) Paarkiiwwan Industiriii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa fi kilaastaroota industirii maanufaakcharingiitiif bu'uuraalee misoomaa ni guuta; ni supha; qabiinsaa fi maqfama balfa gogaa fi dhangala'aa irratti ni hojjata; tajaajilli iddoo tokkoo akka guutamu ni taasisa;

2) ነባር የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪዎች ክላስተርን ያስተዳድራል፤
3) ከባለሥልጣኑ እና ከቦርዱ የሚሰጠውን አቅጣጫ መሠረት በማድረግ የኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላሰተሮች፣ የገጠር ሽግግር ማዕከላት እና የግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከላት አመራር ወይም አስተዳደር ሥራን በስምምነት ሊያስተላልፍ ይችላል፤
4) የኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮች፣ የገጠር ሽግግር ማዕከል እና የግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከል ያላቸውን ጥቅም በማስተዋወቅ የሀገር ውስጥ እና ውጭ ሀገር ባለሃብቶች ፣ አቅም እና ብቃት ያላቸው አርሶ አደሮች፣አርብቶ አደሮች፣ የህብረት ሥራ ማህበራት ውጣቸው ገብተው እንዲሠሩ ምቹ ሁኔታ ይፈጥራል;
5) ፍላጎት ካላቸው የሀገር ውስጥ እና የውጭ ባለሃብቶች ጋር በመስማማት በጋራ ኢንቨስትመንት ላይ ይሰማራል፤
6) በተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በገጠር ሽግግር ማዕከላት፣ በማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮች እና በግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከል መካከል ቅንጅት እንዲፈጠር በሙሉ አቅሙ ይሰራል፤
7) ለተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ ለኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ ለገጠር ሽግግር ኢንዱስትሪ ማዕከላት፣ ለማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮች እና ለግብርና ምርት ማከማቻ ማእከል መሰረተ ልማቶችን ያሟላል፤ ይጠግናል፤ በደረቅ እና ፈሳሽ ቆሻሻ አያያዝ እና አወጋገድ ላይ ይሠራል፤ የአንድ መስኮት አገልግሎት እንዲሟላ ያደርጋል፤

2) Administer the existing manufacturing industry cluster;
3) May transfer management or administration of industrial parks, integrated agro-industrial parks, manufacturing industry clusters, rural transformation centers and agricultural products collection centers to other bodies through contractual agreements based on the direction to be given from the Authority or the Board;
4) Create favorable environment to encourage domestic and foreign investors , farmers, pastoralists, cooperatives having resources and efficiency to work in them through promoting the benefits of Industrial Parks, integrated agro-industrial parks, manufacturing industry clusters, Rural transformation Centers and agricultural product collection centers;
5) Engage in common investments in agreement with interested domestic and foreign investors ;
6) Work in its full capacity to ensure creation of coordination amongst integrated Agricultural Industrial Parks, Industrial Parks, Rural Transition Centers, manufacturing industrial clusters and agricultural product collection centers;
7) Fulfill infrastructure developments for integrated agro-industrial parks, industrial parks, rural transformation centers and manufacturing industry clusters; maintain same; works on the management and disposal of solid and liquid wastes as well as cause or ensure the fulfillment of one window service;

8) walitti bu'iinsa Paarkiiwwan Industiriii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa keessatti yookiin gidduutti uumaman furmaata akka argatan ni taasisa; dhimmoota humna isaatii ol ta'an akkaataa seeraatiin furmaata akka argatan ni taasisa;

9) iddoowwan Paarkiiwwan Industiriii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa itti ijaaraman oomishaa fi haala qabatamaa iddichaa giddugaleessa godhachuun qorannoon adda baasee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;

10) hawaasa qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa naannoo Paarkiiwwan Industirii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa itti ijaaramanii jiraniif hojimaataa fi teeknolojii hammayyaa oomisha duraa fi oomisha boodaa waliin akka walbaranii fi oomishaaleen qonnaa industiriif galtee ta'uu danda'an gosaan, baay'inaan, akaakuu fi qulqullinaan akka galan qaamota dhimmi I laallatu waliin ni hojjata;

11) Abbootii qabeenyaa biyya keessaa fi alaa hawwachuu fi hirmaachisuun akkaataa barbaachisummaa isaatti meeshaa dheedhiin galtee industirii maanufaakcharingii ta'uu danda'an baay'inaa fi qulqullinaan akka oomishaman qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ni hojjata;



8) በተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በገጠር ሽግግር ማዕከላት፣ በማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮች እና በግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከል ውስጥ ወይም መካከል የሚፈጠሩ አለመግባባቶች መፍትሄ እንዲያገኙ ያደርጋል፤ ከአቅሙ በላይ የሆኑትን ጉዳዮች በሕግ መሠረት መፍትሄ እንዲያገኙ ያደርጋል፤

9) የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የገጠር ሽግግር ማዕከላት፣ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮች እና የግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከል የሚገነቡበት ቦታዎችን፣ ምርት እና የቦታውን ተጨባጭ ሁኔታ ማዕከል በማድረግ በምርምር በመለየት ለቦርድ ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤

10) የተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የገጠር ሽግግር ማዕከላት፣ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮች እና የግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከላት የተገነቡባቸው አካባቢ ላሉ አርሶ-አደር እና አርብቶ አደር ማህበረሰብ ከቅድመ ምርት እና ድህረ-ምርት ዘመናዊ ቴክኖሎጂና አሠራር ጋር እንዲላመዱ እና ለኢንዱስትሪ ግብዓት የሚሆኑ የግብርና ምርቶች በአይነት፣ በብዛት፣ በተለያየ አይነት እና በጥራት እንዲገቡ ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ይሠራል፤

11) የሀገር ውስጥ እና የውጭ ሀገር ባለሀብቶችን በመሳብ እና በማሳተፍ እንደ አስፈላጊነቱ የማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ግብዓት ሊሆኑ የሚችሉ ጥሬ ዕቃዎች በብዛት እና በጥራት እንዲመረቱ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ይሠራል፤



8) Ensure that conflicts arising within or amongst Integrated Agricultural Industrial Parks, Industrial Parks, Rural Transition Centers, manufacturing industrial clusters and agricultural product collection centers to be resolved; make the cases which are beyond its capacity get solutions in accordance with the law;

9) Identify through research the places for building agro-industrial parks, industrial parks, rural transformation centers, manufacturing industry clusters and agricultural products collection centers based on the production and real condition of the place and submit to the Board ; implement same up on its approval;

10) Work with concerned bodies to enable the farmers and pastoralist community residing around integrated agro-industrial parks, industrial parks, rural transformation centers, manufacturing industry clusters and agricultural products collection centers to be familiar with the practices and pre and post production modern technologies and to ensure that agricultural products which can be used as raw material in puts for industry to be produced in types, quantity, kinds and quality;

11) Work with the concerned bodies for the production of raw materials which can be inputs of manufacturing industries in quantity and quality as it is necessary by attracting and participating domestic and foreign investors;

12) sirnaa fi ulaagaalee Komishiniin Investimantii Oromiyaa abbootii qabeenyaa ittiin filatu bu'uura godhachuun sirnaa fi ulaagaalee dabalataa qaamoleen Paarkiiwwan Industiriii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa keessatti galanii hojjatan ittiin calalamanii fi filataman qopheessee Boordiidhaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiiirra ni oolcha;

13) abbootii qabeenyaa biyya keessaa ulaagaalee bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 12 tiin kaa'aman bu'uura godhachuun galmeessee ni filata; kan filataman qindeessee Boordiif dhiyeessee ni mirkaneessisa; waliigaltee ni mallatteessa;

14) keewwata kana keewwata xiqqaa 12 jalatti kan tumame jiraatullee, abbootii qabeenyaa biyya alaa mootummaa Fedeeraalaatiin galmaa'anii gara Naannichaa ergaman yoo ta'e kanneen ergaman keessaa ulaagaa fi faayidaa naannichaa akkasumas faayidaa biyyaa giddugaleessa godhachuun ni filata; kan filataman qindeessee Boordiif dhiyeessee ni mirkaneessisa; waliigaltee ni mallatteessa;

15) Hawaasni naannoo misooma Paarkiiwwan Industirii, kilaastaroota industirii maanufaakchariingii akkasumas Giddugala Ce'umsa Baadiyyaatiif lafa isaanii irraa ka'an walitti qindaa'uun yookiin dhuunfaan investimanticharratti hirmaachuu akka danda'anii fi carraa hojii achitti uumamu irratti bobba'uu akka danda'an qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;

12) የኦሮሚያ ኢንቨስትመንት ኮሚሽን ባለ ሃብቶችን የሚመርጥበትን ስርዓት እና መስፈርት መሰረት በማድረግ ፣በተቀናጀ አግሮ ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ በገጠር ሽግግር ማዕከላት፣ በማኑፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ ክላስተሮችና በግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከላት ውስጥ ገብተው የሚሠሩ አካላት የሚመለመሉበት እና የሚመረጡበትን ተጨማሪ ሥርዓት እና መሥፈርቶችን በማዘጋጀት ለቦርድ ያቀርባል፤ሲጸድቅ ስራ ላይ ያውላል፤

13) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀጽ 12 መሠረት የተቀመጠውን መስፈርት መሰረት በማድረግ የሀገር ውስጥ ባለሃብቶችን መዝግቦ ይመርጣል፤የተመረጡትን በማቀናጀት ለቦርዱ አቅርቦ ያስጸድቃል፤ውል ይፈርማል፤

14) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 12 ሥር የተደነገገው ቢኖርም በፌዴራል መንግሥት ተመዝግበው ወደ ክልሉ የተላኩ የውጭ አገር ባለሃብቶች ከሆኑ ከተላኩት ውስጥ የክልሉን መስፈርት እና ጥቅም እንዲሁም የሃገሪቷን ጥቅም ማእከል በማድረግ ይመርጣል፤ የጠመረጡትንም አቀናጅቶ ለቦርዱ በማቅረብ ያስጸድቃል፤ውል ይፈርማል፤

15) ለኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ፣የኢንዱስትሪ ክላስተር እና የገጠር ሽግግር ማዕከላት ልማት ሲባል መሬታቸውን የለቀቁ የአካባቢው ማህበረሰቦች በቅንጅት ወይም በተናጥል በኢንቨስትመንቱ ላይ መሳተፍ እንዲችሉ እና እዚያው በሚፈጠረው የስራ እድል ላይ መሰማራት እንዲችሉ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤

12) Based on the procedures and criteria for selecting investors by the Oromia Investment Commission, prepare additional procedures and criteria for screening and selection of entities operating in the integrated Agricultural Industrial Parks, Industrial Parks, Rural Transition Centers, manufacturing industrial clusters and agricultural product collection center; submit same to the Board; implement up on approval;

13) Register and select domestic investors on the basis of the criteria set in accordance with sub-article 12 of this Article; organize the selected candidates and submit to the Board for approval; signs agreement;

14) Notwithstanding to sub-article 12 of this Article, in the case where the foreign investors are registered by the Federal Government and sent to the Region, select them from among those sent to the Region based on the criteria and interests of the Region and the national interest; organize the selected candidates and submit them to the Board for approval; sign agreements;

15) Work in collaboration with to enable the local communities expropriated of their lands for the development of Industrial Parks, manufacturing industrial clusters and Rural Transition Centers participate on the investment and engage in the job opportunities created there by being organized or individually;

16) galiiwwan kiraa, liizii fi gurgurtaa Paarkiiwwan Industirii Qonna Qindaa'aa, Paarkiiwwan Industirii, Giddugalawwan Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastaroota industirii maanufaakcharingii fi wiirtuu kuusaa oomisha qonnaa fi galii maddoota biroo irraa argaman ni sassaaba; ni bulcha; Abbaa Taayitaa hayyamsiisee hojiirra ni oolcha;
17) Herrega baankii Abbaa Taayitaa hayyamsiisee ni bana; ni sochoosa;
18) qabeenya ni horata; bu'uura seeraatiin qaama sadaffaa waliin waliigaltee ni seena; ni himata; ni himatama;
19) Hojiiwwan biroo kaayyoo isaa galmaan gahuuf gargaaran ni raawwata.

## Kutaa Sadii
## Gurmaa'insaa fi Qaama Bulchiinsaa Korporeeshinichaa

**9. Gurmaa'insa Korporeeshinichaa**

Korporeeshinichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Boordii;
2) Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaa fi akkaataa barbaachisummaa isaatti Itti Aanaa Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaa; fi
3) Hojjattoota barbaachisaa ta'an.

**10. Hundeeffamaa fi Ittiwaamama Boordii**

1) Hojii Korporeeshinichaa ol'aantummaadhaan kan hooggaanu Boordiin Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa kanaan booda "Boordii" jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Ittiwaamamni Boordichaa Abbaa Taayitichaatiif ta'a.

16) ከተቀናጀ አግሮ-ኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ የገጠር ሽግግር ማዕከላት፣ የማምረቻ ኢንዱስትሪያል ክላስተር እና የግብርና ምርት ማከማቻ ማዕከላት ኪራይ፣ ሊዝ እና ሽያጭ ገቢ እና ከሌሎች የገቢ ምንጮች የሚገኙ ገቢዎችን ይሰበስባል፤ያስተዳድራል፤ ባለሥልጣኑን በማስፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል፤
17) ባለሥልጣኑን በማስፈቀድ የባንክ ሒሳብ ይከፍታል፤ ያንቀሣቅሣል፤
18) ሐብት ያፈራል፤ በሕጉ መሠረት ከሦስተኛ ወገን ጋር ውል ይዋዋላል፤ ይከሳል፤ ይከሰሳል፤
19) ዓላማውን ለማሳካት የሚረዱ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል።

## ክፍል ሦስት
## የኮርፖሬሽኑ አደረጃጀት እና የአስተዳደር አካል

**9. የኮርፖሬሽኑ አደረጃጀት**

ኮርፖሬሽኑ የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

1) ቦርድ፤
2) ዋና ሥራ አስፈፃሚ እና እንደአስፈላጊነቱ ምክትል ዋና ሥራ አስፈፃሚ፤ እና
3) አስፈላጊ ሰራተኞች።

**10. የቦርዱ መመስረት እና ተጠሪነት**

1) የኮርፖሬሽኑን ስራ በበላይነት የሚመራ የኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን ቦርድ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ የሚጠራ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል።
2) የቦርዱ ተጠሪነት ለባለሥልጣኑ ይሆናል።

16) Collect revenues obtained from the rent, lease and sale of integrated Agricultural Industrial Parks, Industrial Parks, Rural Transition Centers, manufacturing industrial clusters and agricultural product collection centers and revenues obtained from other sources of income; administer; implement same by securing authorization of the authority;
17) Open and runs the bank accounts being authorized by the Authority;
18) Produce property; enter in to contractual agreements with third party pursuant to the law; sue and be sued;
19) Perform other activities that help to attain its objectives.

## Part Three
## Organization and Administrative Body of the Corporation

**9. Organization of the Corporation**

The Corporation shall have the following Organization:

1) Board;
2) Chief Executive and, as it is necessary , Deputy Chief Executive; and
3) Necessary staffs.

**10. Establishment and Accountability of the Board**

1) Oromia Industrial Parks Development Corporation Board that chiefly manages/leads functions of the Corporation, hereinafter called "Board "is established by this Regulation.
2) Accountability of the Board shall be to the Authority.

## 11. Miseensota Boordii

1) Boordichi miseensota shanii hanga kudha tokkoo ni qabaata.
2) Miseensota Boordii namootni lama hojjattoota dhaabbii Korporeeshinichaa keessaa walgahii waliigalaa hojjattoota dhaabbiitiin kan filataman ta'ee, Miseensonni Boordii hafan Abbaa Taayitichaatiin filatamanii Pirezidaantiif dhiyaatanii kan ramadaman ta'a.
3) Walitti qabaan Boordii Pirezidaantiin kan muudamu ta'a.

## 12. Aangoo fi Hojii Boordii

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii Raawwachiisaa fi Itti Aanaa Hojii Raawwachiisaa Korporeeshinichaa ni qacara; ni ramada; aangoo irraa ni kaasa; haalli raawwi isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
2) qaxara, rammaddii, mindaa fi durgoo Itti gaafatamtoota Hojii ittiwaamamni isaanii Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaatiif ta'e, Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaatiin yammuu dhiyaatu ni mirkaneessa;
3) barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa lakkoofsa herrega baankii fandii misoomaatti galii akka ta'u ni taasisa;
4) Kaappitaalli Korporeeshinichaa akka dabalu yookiin akka hir'atu Abbaa Taayitichaatiif yaada ni dhiyeessa;
5) Odiitara alaa fi keessaatiif harshammeewwan herregaa, Abbaa Taayitichaatiif immoo gabaasawwan raawwii hojii fi ibsawwan herregaa Korporeeshinichaa yeroo isaa eegee akka dhiyaatu ni taasisa;

## 11. የቦርድ አባላት

1) ቦርዱ ከአምስት እስከ አስራ አንድ አባላት ይኖረዋል።
2) ከቦርድ አባላት ሁለቱ ሰዎች ከኮርፖሬሽኑ ቋሚ ሰራተኞች መካከል በጠቅላላ ጉባኤ የሚመረጡ ሆኖ ቀሪ አባላት በባለስልጣኑ ቀርበው በፕሬዚዳንቱ የሚመደቡ ይሆናል።
3) የቦርዱ ሰብሳቢ በፕሬዚዳንቱ የሚሾም ይሆናል።

## 12. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር

በሌሎች ሕጎች የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ቦርዱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡-

1) የኮርፖሬሽኑን ሥራ አስፈፃሚ እና ምክትል ሥራ አስፈፃሚን ይቀጥራል፤ ይመድባል፤ ከሥልጣን ያነሳል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።
2) ተጠሪነታቸዉ ለዋና ሥራ አስፈፃሚው የሆኑ የሥራ ኃላፊዎች ቅጥር ፣ ምደባ ፣ ደመወዝ እና ዉሎ አበል በዋና ሥራ አስፈፃሚው ሲቀርብለት ያፀድቃል፤
3) የበጀት ዓመቱ ተጠናቅቆ በስድስት ወራት ውስጥ የመንግስት የትርፍ ድርሻ ወደ ልማት ፈንድ ባንክ ሂሳብ ቁጥር ገቢ እንዲደረግ ያደርጋል፣
4) የኮርፖሬሽኑ ካፒታል እንዲጨምር ወይም እንዲቀንስ ለባለሥልጣኑ ምክረ ሀሳብ ያቀርባል፤
5) ለውጪ እና ለውስጥ ኦዲተሮች ገንዘብ ነክ ሰነዶችን ለባለስጣኑ የኮርፖሬሽኑን የስራ አፈጻጸም ሪፖርት እና የሂሳብ መግለጫዎች ወቅቱን ጠብቆ እንዲቀርብ ያደርጋል፣

## 11. Members of the Board

1) The Board shall have five to eleven members.
2) Two members of the Board shall be elected among the permanent employees of the Corporation by the general meeting of the permanent employees; and the remaining members of the Board shall be elected by the Authority and assigned by the President.
3) The chairperson of the Board shall be appointed by the President.

## 12. Powers and Functions of the Board

Without prejudice to the powers and functions entrusted to it by other laws, the Board shall have the following powers and functions:

1) Hire, assign and remove the Chief executive and deputy executive of the Corporation; its implementation particulars shall be determined by the Directive to be issued
2) Upon its submission by the chief executive, approve employment, assignment, salary and pre-diem of the heads whose accountability is to the chief executive;
3) Cause the dividend of the government to be deposited into the bank account of the development fund within six months up on the end of the fiscal year;;
4) Recommend the Authority for the increase or decrease of the Corporation's capital
5) Ensure the timely submission of financial documents to the external and internal auditors and performance reports and accounting statements of the Corporation to the Authority;

6) bittaa gurguddoo meeshaa fi qabeenya hojii Korporeeshinichaaf murteessaa ta'an qorannoon mirkaneeffatee Abbaa Taayitichaatiif yaada ni dhiyeessa; murtii kennamu irratti hundaa'udhaan bu'uura seera rogummaa qabuun ni raawwachiisa;
7) gurgurtaa qabeenya dhaabbii hojii Korporeeshinichaaf barbaachisaa hin taane ni mirkaneessa;
8) herreegnii fi meeshaawwan Korporeeshinichaa akkaataa seeraatiin qabamuu isaanii ni to'ata;
9) Abbaa Taayitichaa hayyamsiisuun Korporeeshinichi herrega ofeeggannoo dabalataan akka qabatu gaafachuun ni ramachiisa; itti fayyadama isaas ni murteessa;
10) karoora hojii, baajataa fi Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Korporeeshinichaa ni mirkaneessa; raawwii isaas hordofee Abbaa Taayitichaa ni beeksisa;
11) karoora tarsiimaa'aa ergama Korporeeshinichaa waliin walsimu kallattii Abbaan Taayitichaa kennu hordofee yeroo isaa eegee qopheessee akka mirkanaa'u Abbaa Taayitichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'us ni raawwachiisa.

**13. Bara Hojii Miseensota Boordii**

1) Barri hojii miseensa Boordii waggaa sadi ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti miseensi Boordii bara hojii waggaa sadii xumure yeroo tokkoof irra deebi'ee filatamuu yookiin ramadamuu ni danda'a.
2) Miseensi Boordii hojii isaa gahumsaan bahuu yoo dadhabe, sababa gahaa malee walitti aansuun yeroo sadii ol yookiin bara baajataa tokko keessatti yeroo shanii fi isaa ol walgahii irraa kan hafe yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa miseensummaa irraa akka ka'u qaama muudeef yookiin ramadeef yaada ni dhiyeessa.



6) ለኮርፖሬሽኑ ተግባራት ወሳኝ የሆኑ ዕቃዎች እና ንብረቶች ትላልቅ ግዢን በጥናት አረጋግጦ ፤ለባለስልጣኑ ሀሳብ ያቀርባል፤ የሚሰጠውን ውሣኔ አግባብነት ባለው ህግ መሰረት ያስፈጽማል፤
7) ለኮርፖሬሽኑ ተግባራት አላስፈላጊ ያልሆኑ ቋሚ ንብረቶች ሽያጭን ያጸድቃል፤
8) የኮርፖሬሽኑ ሂሳቦች እና እቃዎች በህግ መሰረት መያዙን ይቆጣጠራል፤
9) ባለስልጣኑን በማስፈቀድ ኮርፖሬሽኑ ተጨማሪ መጠባበቂያ በጀት እንዲይዝ በመጠየቅ ያስመድባል፤ አጠቃቀሙንም ይወስናል፤
10) የኮርፖሬሽኑን የሥራ ዕቅድ ፣ በጀት እና የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ ያጸድቃል፤ አፈፃፀሙን ተከታትሎ ለባለስልጣኑ ያሳዉቃል፤
11) ከባለስልጣኑ የሚሰጠውን አቅጣጫ በመከተል ከኮርፖሬሽኑ ተልዕኮ ጋር የሚጣጣም ስትራቴጂክ ዕቅድ ጊዜውን ጠብቆ በማዘጋጀት ለባለሥልጣኑ ያቀርባል፤ ሲጸድቅም ያስፈጽማል።

**13. የቦርድ አባላት የስራ ዘመን**

1) የቦርድ አባል የስራ ዘመን ሶስት ዓመት ሆኖ፤እንደ አስፈላጊነቱ ሶስት አመት የስራ ዘመን ያጠናቀቀ የቦርድ አባል ለአንድ የስራ ዘመን በድጋሚ ሊመረጥ ወይም ሊመደብ ይችላል።
2) አንድ የቦርድ አባል ሥራውን በብቃት መወጣት ካልቻለ፣ ያለ በቂ ምክንያት ከሦስት ተከታታይ ጊዜያት በላይ ወይም በአንድ የበጀት ዓመት ውስጥ ለአምስት እና ከዚያ በላይ ጊዜ ከስብሰባ ከቀረ ከአባልነቱ እንዲነሳ ባለሥልጣኑ ለሾመዉ ወይም ለመደበው አካል ሃሳብ ያቀርባል።



6) Recommend to the Authority about the large procurement of materials and properties which are very essential to the operations of the Corporation by verifying through research ; enforce the decision in accordance with the applicable law;
7) Approve the sales of dispensable fixed properties to the operations of the Corporation;
8) Monitor whether the account and materials of the Corporation are maintained in accordance with law;
9) With the authorization of the Authority; cause the Corporation to allocate additional contingency budget; determine its utilization ;
10) Approve the work plan, budget and internal bylaws of the Corporation; follow up its implementation and notify to the Authority;
11) Prepare a strategic plan consistent with the mission of the Corporation timely following the directions given by the Authority and submit it to the Authority for approval; cause same to be implemented up on its approval;

**13. Term Office of Board Members**

1) The term of office of the Board member shall be three years, as it is necessary, a member of the Board who has completed three-year term may be re-elected or appointed for one term.
2) In case the member of the Board fails to perform his duties efficiently, absent from meetings for more than three consecutive times or five or more times in one fiscal year without good cause; the Authority shall make recommendation to deprive him from membership to the appointer or assigner body.

**14. Sirna Walgahii Boordii**

1) Boordichi ji'atti yeroo tokko walgahii idilee ni qabaata.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumamee akkuma eegameetti ta'ee, haalli ariifachiisaan yoo muudate yookiin miseensota Boordichaa keessaa walakkaa ol gaaffii yoo dhiyeessan walitti qabaan walgahii ariifachiisaa waamuu qaba.
3) Miseensota Boordii keessaa harki caalu yoo argaman walgahiin guutuu ni ta'a.
4) Murteen Boordii sagalee caalmaan kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Boordichaa ta'a.
5) Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaan Korporeeshinichaa sagalee malee walgahii Boordii irratti ni hirmaata; barbaachisaa ta'ee yammuu argametti Itti Aanaa Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaa Korporeeshinichaa dhimmi ilaallatu sagalee malee hirmaachisuun ni danda'ama.
6) Barreessaan Boordichaa hojjattoota dhaabbii Korporeeshinichaa keessaa manaajimantiidhaan filatamee Boordiin mirkanaa'ee sagalee malee kan hirmaatu ta'a.
7) Ajandaan walgahii idilee dursee miseensota Boordiif akka dhaqqabu taasiifamu qaba.
8) Qaboon yaa'ii walgahii Boordii miseensota walgahii irratti argamaniin mallattaa'uu qaba.
9) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 8 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Boordichi sirna hojimaata walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

**15. Ittigaafatamummaa Miseensota Boordii**

1) Miseensonni Boordii aangoo fi hojii seeraan isaanitti kenname ofeeggannoon raawwachuu qabu.

**14. የቦርዱ የስብሰባ ሥነ-ስርዓት**

1) ቦርዱ በወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ይኖረዋል።
2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣አስቸኳይ ሁኔታ ሲያጋጥም ወይም ከግማሽ በላይ የቦርድ አባላት ጥያቄ ካቀረቡ ሰብሣቢው አስቸኳይ ስብሰባ መጥራት አለበት።
3) አብዛኞዎቹ የቦርድ አባላት ከተገኙ ምልአተ ጉባኤው የተሟላ ይሆናል።
4) የቦርዱ ውሳኔ በአብላጫ ድምፅ የሚተላለፍ ሲሆን የድምፅ እኩልነት ሲከሰት በሰብሳቢው የተደገፈው ሃሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል።
5) የኮርፖሬሽኑ ዋና ሥራ አስፈፃሚ ያለ ድምጽ በቦርዱ ስብሰባ ላይ ይሳተፋል፤ አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ የሚመለከተው የኮርፖሬሽኑ ምክትል ዋና ሥራ አስፈፃሚን ያለ ድምጽ ማሳተፍ ይቻላል።
6) የቦርዱ ጸሐፊ ከኮርፖሬሽኑ ቋሚ ሠራተኞች መካከል በማኔጅመንት ተመርጦ በቦርዱ ፀድቆ ያለ ድምፅ የሚሳተፍ ይሆናል።
7) የመደበኛ ስብሰባ አጀንዳ ለቦርዱ አባላት አስቀድሞ መድረስ አለበት።
8) የቦርዱ ስብሰባ ቃለ ጉባኤ በስብሰባው ላይ በተገኙ አባላት መፈረም አለበት።
9) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀጽ 1 እስከ 8 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ሥነስርዓት ስርዓት አሰራር ሊያወጣ ይችላል።

**15. የቦርድ አባላት ሃላፊነት**

1) የቦርዱ አባላት ቶች በሕግ የተሰጣቸውን ሥልጣንና ተግባር በጥንቃቄ ሊፈፅሙ ይገባል።

**14. Meeting Procedures of the Board**

1) The Board shall have regular meetings once in a month.
2) Without prejudice to the provisions under Sub-Article 1 of this Article, in case of emergency or more than half of the Board members request so chairperson shall call for an urgent meeting.
3) Where the majority of the Board members are present,
4) The meeting shall be quorum; the decision of the Board shall be passed by a majority vote; in case of tie; the decision supported by the chairperson shall be the decision of the Board.
5) The Chief Executive of the Corporation shall attend meetings of the Board without vote; where it is found necessary, the concerned Deputy Chief Executive of the Corporation may be invited to attend without a vote.
6) The Secretary of the Board shall be selected by management from the permanent employees of the Corporation and attend the meeting without vote after being approved by the Board
7) The agenda of the regular meeting shall be delivered to the members of the Board in advance.
8) The minute of the Board meeting shall be signed by all members who take part on the meeting.
9) Without prejudice to the provisions under sub-Article 1 to 8 of this Article, the Board may issue directive of its own meeting procedure.

**15. Accountabilities of the Board Members**

1) The members of the Board shall exercise the powers and duties assigned to them by law with due diligence.

2) Miseensonni Boordii hojii isaan-itti kenname sirnaan bahuu dhabuun miidhaa Korporeeshinicha irra gahuu fi dhimmoota waliin murteessan irratti ittigaafatamummaa dhuunfaa fi waliinii ni qabaatu.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatullee, murteen Boordii yeroo kennamu miseensi Boordii mormee sagaleen addaa bahe ittigaafatamummaa murtichi fidu irraa bilisa akka ta'u yaada isaa bareessee mallatteessuu qaba.

**16. Aangoo fi Gahee Hojii Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaa Korporeeshinichaa**

Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaan Korporeeshinichaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
1) Dambii kana keewwata 8 jalatti Aangoo fi hojii Korporeeshinichaaf kennaman hojiirra ni oolcha;
2) hojii Korporeeshinichaa ni karoorsa; ni gurmeessa; ni hooggana; ni bulcha; ni to'ata;
3) walqunnamtii hojii qaama sadaffaa wajjin taasifamu irratti Korporeeshinicha bakka ni bu'a;
4) qaxarrii, ramaddii, hojiirraa kaasuu ittigaafatamtoota hojii ittiwaamamni isaanii Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaatiif ta'e Boordiif dhiyeessun ni mirkaneessisa; tareeffamni isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
5) Ittigaafatamtoota hojii Korporeeshinichaa keessaa miseensota manaajimantii baay'inni isaanii sagal hin caalle Boordiidhaaf dhiyeessee ni murteessisa;
6) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Boordiin baasuu fi seera hojjataa fi hojjachiisaa irratti hundaa'uun hojjattoota Korporeeshinichaa ni qacara; ni jijjiira; ni ramada; mindaa fi durgoo isaanii ni murteessa; hojiirraa ni gaggeessa.

2) የቦርዱ አባላት ስራቸውን በአግባቡ ባለመወጣታቸው የተነሣ በኮርፖሬሽኑ ላይ ለሚደርሰው ጉዳት እና በጋራ በሚወስኗቸው ጉዳዮችን በሚመለከት በተናጥል እና በጋራ ተጠያቂ ይሆናሉ፡፡
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፤ የቦርዱ ውሳኔ በሚሰጥበት ጊዜ የተቃወመ የቦርዱ አባል ዉሳኔዉ ከሚያስከትለዉ ተጠያቂነት ነፃ እንዲሆን የተለየ ሃሳቡን ፅፎ መፈረም አለበት፡፡

**16. የኮርፖሬሽኑ ዋና ሥራ አስፈፃሚ ሥልጣንና ተግባር**

የኮርፖሬሽኑ ዋና ሥራ አስፈፃሚ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡-
1) በዚህ ደንብ አንቀጽ 8 መሠረት ለኮርፖሬሽኑ የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ ያዉላል፤
2) የኮርፖሬሽኑን ተግባራት ያቅዳል፤ ያደራጃል፤ ይመራል፤ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤
3) ከሶስተኛ ወገን ጋር በሚያደረገዉ የሥራ ግንኙነት ኮርፖሬሽኑን ይወክላል፤
4) ተጠሪነታቸዉ ለዋና ሥራ አስፈፃሚው የሆኑ የሥራ ኃላፊዎች ሹመት፣ ምደባ እና ከስራ ማንሣትን ለቦርዱ በማቅረብ ያስጸድቃል፤ ዝርዝሩ በሚወጣዉ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
5) ከኮርፖሬሽኑ የሥራ ሀላፊዎች መካከል ቁጥራቸው ከዘጠኝ የማይበልጡ የማናጅመንት አባላት ለቦርዱ አቅርቦ ያስፀድቃል፤
6) ቦርዱ በሚያወጣው የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ እና በአሰሪና ሰራተኛ ህግ መሠረት የኮርፖሬሽኑ ሠራተኞችን ይቀጥራል፤ ያዘዋውራል ፤ ይመድባል፤ ደመወዛቸውን እና ዉሎ አበላቸዉን ይወሰወናል ፤ ከሥራ ያሰናብታል፤

2) Members of the Board shall be severally and jointly liable for damage caused to the Corporation and on matters they have decided together due to failure to perform their duties properly.
3) Notwithstanding to the provisions of sub-Article 2 of this Article, member of the Board who has held dissenting opinion at the time of the decision of the Board shall write and sign his opinion; to be free from the liability imposed by the decision.

**16. Powers and Duties of Chief Executive of the Corporation**

The Chief Executive of the Corporation shall have the following power and duties:
1) Implement the powers and functions assigned to the Corporation under Article 8 of this Regulation;
2) Plan; organize; lead; administer and controls the operations of the Corporation;
3) Represent the Corporation in its work relations with the third parties;
4) Submit to the Board and cause approval of employment ,assignment and dismissal of work heads accountable to the chief executive; Its particulars shall be determined by the Directive to be issued ;
5) Submit to the Board and cause approval of not more than nine management members among the work heads of the Corporation;
6) Based on internal bylaws issued by the Board and labor law; hire; transfer; assign; determine salary and per-diem and dismiss from duty the employees of the Corporation;

7) Herrega baankii Korporeeshinichaa ni bana; ni sochoosa; akkaataa seeraatiin ni qaba;
8) karooraa fi gabaasa hojii Korporeeshinichaa yeroon qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
9) Qajeelfama Abbaan Taayitichaa baasuu fi murtii Boordii bu'uureeffachuun qabeenya hojii Korporeeshinichaatiif barbaachisaa hin taane ni maqsa;
10) karoora baajataa qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni gabaasa;
11) barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa lakkoofsa herrega baankii fandii misoomaatti galii ni taasisa;
12) murtii Boordii fi kallattiiwwan Abbaa Taayitichaa irraa kennamu biroo ni raawwata; ni raawwachiisa; fi
13) hojiiwwan dabalataa Boordiin kennuuf ni raawwata.

**17. Ittigaafatamummaa Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaa**

Hojii Raawwachiisaa Ol'aanaan yeroo hojii isaa raawwatutti dagannoon yookiin itti yaadee Korporeeshinicha irratti miidhaa yoo geessise yookiin miidhaan akka gahu yoo taasise bu'uura seera rogummaa qabuun kan gaafatamu ta'a.

7) የኮርፖሬሽኑን የባንክ ሂሳብ ይከፍታል፤ ያንቀሳቅሳል፤ በሕጉ መሠረት ይይዛል፤
8) የኮርፖሬሽኑን ዕቅድ እና የአፈፃፀም ሪፖርት አዘጋጅቶ ለቦርዱ ያቀርባል፤ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያዉላል፤
9) ባለሥልጣኑ በሚያወጣው መመሪያና በቦርዱ ውሳኔ ላይ በመመስረት ለኮርፖሬሽኑ ሥራ አላስፈላጊ ያልሆኑ ንብረቶችን ያስወግዳል፣
10) የበጀት እቅድ አዘጋጅቶ ለቦርዱ ያቀረባል፤ ሲፀድቅ ተግባራዊ ያደርጋል፤ አፈፃፀሙን ሪፖርት ያደርጋል፤
11) የበጀት አመቱ አልቆ በስድስት ወራት ውስጥ የመንግስትን የትርፍ ድርሻ ወደ ልማት ፈንድ ባንክ ሂሳብ ቁጥር እንዲገባ ያደርጋል፤
12) የቦርዱን ውሳኔ እና ሌሎች ከባለሥልጣኑ የሚሰጡ አቅጣጫዎችን ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
13) በቦርዱ የሚሰጡትን ተጨማሪ ተግባራት ያከናውናል።

**17. የዋና ሥራ አስፈፃሚው ሃላፊነት**

ዋና ስራ አስፈፃሚው በቸልተኝነት ወይም ሆን ብሎ አስቦበት በኮርፖሬሽኑ ላይ ጉዳት ካደረሰ ወይም ጉዳት እንዲደረርስ ካደረገ አግባብነት ባለዉ ህግ መሠረት ተጠያቂ ይሆናል።

7) Open and run bank accounts of the Corporation; keep same in accordance with the law;
8) Prepare and submit work plan and performance reports of the Corporation to the Board in time; implement upon its approval;
9) Based on the Directives issued by the Authority and the decision of the Board; remove properties dispensable for the operations of the Corporation;
10) Prepare and submit the budget plan to the Board; implement same upon its approval; report its performance;
11) Within six months up on the end of the fiscal year, deposit the government's profit dividend into the bank account number of the development fund;
12) Implement and cause to be implemented the decisions of the Board and other directions given by the Authority; and
13) Perform additional tasks given to him by the Board.

**17. Accountability of the Chief Executive**

In case where the Chief Executive negligently or intentionally harms or causes harm to the Corporation in the course of performing his duties, he shall be liable in accordance with the applicable law.

## Kutaa Afur
## Kaappitaala, Madda Galii fi Sirna Qabiinsa Herrega Korporeeshinichaa

**18. Kaappitaala Korporeeshinichaa**

1) Kaappitaalli Korporeeshinichaaf hayyamame qarshii 24,000,000,000 (Biiliyoona digdamii afur) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa qarshiin 6,013,555,817.85 (Biliyoona jahaa fi miliyoona kudha sadiif kuma kuma dhibba shaniif kuma shantamii shanii fi dhibba saddeetiif kudha torbaa saantima saddeettamii shan) maallaqa callaanii fi akaakuudhaan kaffalamee jira.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, xumurri bu'aa odiitara alaa hanga bara baajataa 2012 gahutti taasisu irratti jijjiiramni argamsiisu kaappitaala maallaqa callaa fi akaakuun kaffalame isa dhumaa ta'ee kan galmaa'u ta'a.

**19. Madda Galii Korporeeshinichaa**

Maddi galii Koorporeeshinichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) galii kiraa, liizii fi gurgurtaa Paarkiiwwan Industirii, Giddugaloota Ce'umsa Baadiyyaa, kilaastarootaa industirii maanufaakchariingii fi giddugaloota oomishni itti walitti qabamu irraa argamuu; fi
2) galii gargaarsa, kennaa fi maddoota biroo irraa argamu.

**20. Galmee Herregaa**

1) Korporeeshinichi galmee herregaa guutuu fi sirrii ta'e ni qabaata.
2) Galmeen herregaa fi harshammeewwan maallaqaa Korporeeshinichaa qaama aangoon seeraan kennameefiin yeroo yeroon ni qoratama.

## ክፍል አራት
## የኮርፖሬሽኑ ካፒታል፣የገቢ ምንጭ እና የሂሳብ አያያዝ ስርዓት

**18. የኮርፖሬሽኑ ካፒታል**

1) ለኮርፖሬሽኑ የተፈቀደው ካፒታል 24,000,000,000 (ሀያ አራት ቢሊየን) ብር ሆኖ፣ከተፈቀደው ካፒታል ውስጥ 6,013,555,817.85 (ስድስት ቢሊየን አስራ ሶስት ሚሊየን አምስት መቶ ሀምሳ አምስት ሺህ ስምንት መቶ አስራ ሰባት ከሰማኒያ አምስት ሳንቲም) በጥሬ ገንዘብና በአይነት ተከፍሏል፡፡
2) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፣እስከ 2012 በጀት አመት የውጪ ኦዲተር በሚያደርገው የማጠቃለያ ኦዲት ውጤት በሚገኘው ልዩነት የመጨረሻ በጥሬ ገንዘብና አይነት የተከፈለ ካፒታል ሆኖ የሚመዘገብ ይሆናል፡፡

**19. የኮርፖሬሽኑ የገቢ ምንጭ**

የኮርፖሬሽኑ የገቢ ምንጭ ከሚከተሉት ይሆናል:-

1) ከኢንዱስትሪ ፓርኮች፣ከገጠር ሽግግር ማዕከላቶች፣ከኢንዳስተሪ ማኑፋክቸሪንግ ክላስተሮች እና ምርቶች መሰብሰቢያ ማዕከላት ኪራይ፣ሊዝና ሽያጭ ከሚገኘው ገቢ፣ እና
2) ከእርዳታ፣ስጦታ እና ከሌሎች ምንጮች ከሚገኝ ገቢ፡፡

**20. የሂሳብ መዝገብ**

1) ኮርፖሬሽኑ የተሟላና ትክክለኛ የሆነ የሂሳብ መዝገብ ይኖረዋል፡፡
2) የኮርፖሬሽኑ ሂሳብ መዝገብና የገንዘብ ደረሰኞች በህግ ስልጣን በተሰጠው አካል በየጊዜው ይመረመራል፡፡

## Part Four
## Capital, Source of Income and Accounting System of the Corporation

**18. Capital of the Corporation**

1) The authorized Capital of the Corporation shall be birr 24,000,000,000 (Twenty four Billion), from which birr 6,013,555,817.85 (Six Billion, Thirteen Million Five Hundred Fifty Five Thousand Eight Hundred Seventeen and Eighty Five cents) is paid in cash and in kind.
2) Notwithstanding to Sub Article 1 of this Article, any difference in the conclusion of the external auditor's up to the 2020 fiscal year shall be recorded as the final capital paid in cash and in kind.

**19. Source of Income of the Corporation**

Income of the Corporation shall be from the following:

1) Income obtained from rent , lease and sale of industrial parks, rural transformation center , manufacturing industry clusters and from product collection center; and
2) Assistances ,donations and other sources

**20. Books of Accounts**

1) The Corporation shall keep complete and accurate books of accounts.
2) Books of account and financial document of the Corporation shall be audited regularly by the legally Authorized body.

**21. Odiitii Herregaa**

Aangoon Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaa akkuma eegametti ta'ee, filannoo odiitara alaa Abbaan Taayitichaa mirkaneessuun herregni Korporeeshinichaa waggaatti yeroo tokko odiitii ni taasifama.

**22. Ittigaafatamummaa Idaa**

Korporeeshinichi qabeenya waliigalaa qabuu olitti idaadhaan hin gaafatamu

**Kutaa Shan**
**Tumaalee Adda Addaa**

**23. Yeroo Turmaata Korporeeshinichaa**

Korporeeshinichi yeroo hin murtoofneef kan hundeeffameedha.

**24. Mirgaa fi Dirqama Dabarsuu**

1) Mirgaa fi dirqamni Dhaabbata Gabaa Oomisha Qonnaa Oromiyaa fi Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa bu'uura Dambii kanaatiin gara Korporeeshinichaatti darbee jira.
2) Ragaaleen, qabeenyi horatamee fi baajatni Dhaabbata Gabaa Oomisha Qonnaa Oromiyaa fi Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa akkuma jirutti bu'uura Dambii kanaatiin gara Korporeeshinichaatti darbee jira.

**25. Tumaalee Cehumsaa**

Hojiiwwanii fi dhimmoonni Dambiin kun bahuun dura Dhaabbata Gabaa Oomisha Qonnaa Oromiyaa fi Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaatiin hojjatamaa turan yookiin eegalaman bu'uura Dambii kanaatiin Korporeeshinichaan akka hojjatamaniitti yookiin eegalamaniitti lakkaa'amee raawwiin isaanii kan itti fufu ta'a.

**21. ኦዲት**

የኦሮሚያ ዋና ኦዲተር መሥሪያ ቤት ስልጣን እንደተጠበቀ ሆኖ፤ባለስጣኑ በሚያፀድቀው የውጪ ኦዲተር ምርጫ የኮርፖሬሽኑ ሂሳብ በአመት አንዴ ኦዲት ይደረጋል፡፡

**22. በዕዳ ተጠያቂነት**

ኮርፖሬሽኑ ካለው አጠቃላይ ንብረት በላይ በእዳ አይጠየቅም፡፡

**ክፍል አምስት**
**ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች**

**23. የኮርፖሬሽኑ የቆይታ ጊዜ**

ኮርፖሬሽኑ ላልተወሰነ ጊዜ የተቋቋመ ነው፡፡

**24. መብትና ግዴታን ስለማስተላለፍ**

1) የኦሮሚያ የግብርና ምርት ገበያ ድርጅትና የኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን መብትና ግዴታ በዚህ ደንብ ወደ ኮርፖሬሽኑ ተላልፏል፡፡
2) የኦሮሚያ ግብርና ምርት ገበያ ድርጅትና የኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ኮርፖሬሽን ማስረጃዎች፣ የተፈሩ ንብረቶች እና በጀት እንዳሉ በዚህ ደንብ ወደ ኮርፖሬሽኑ ተላልፏል፡፡

**25. የመሸጋገሪያ ድንጋጌዎች**

ይህ ደንብ ከመውጣቱ በፊት በኦሮሚያ ግብርና ምርት ገበያ ድርጅትና በኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን ሲተገበሩ የነበሩ ወይም የተጀመሩ ስራዎችና ጉዳዮች በዚህ ደንብ መሰረት በኮርፖሬሽኑ እንደተከናወኑ ወይም እንደተጀመሩ ተቆጥሮ አፈጻጸማቸው የሚቀጥል ይሆናል፡፡

**21. Account Auditing**

Without prejudice to the power of Oromia Auditor General Office, the account of the Corporation shall be audited once in a year by external auditor approved by the Authority.

**22. Liability**

The Corporation shall not be liable beyond its total asset

**Part Five**
**Miscellaneous Provisions**

23. Duration of the Corporation

The Corporation is established for an indefinite period of time.

**24. Transfer of Rights and Obligation**

1) The right and duty of the Oromia Agricultural products market Organization and the Oromia Industrial Parks Development Corporation is transferred to the Corporation as per this Regulation.
2) The evidences, assets acquired and budget of the Oromia Agricultural Products Marketing Organization and the Oromia Industrial Parks Development Corporation is transferred as it is to the Corporation in accordance with this Regulation.

**25. Transitory Provisions**

Works and matters that have been carried out or undertaken by the Oromia Agricultural Products Marketing Organization and by Oromia Industrial Parks Development Corporation prior to the issuance of this Regulation shall be deemed to have been carried out or undertaken by the Corporation and keep on to be performed under this Regulation.

**26. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

1) Dambiin Dhaabbata Gabaa Oomisha Qonnaa Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakkoofsa 127/2002 Dambii kanaan haqamee jira.
2) Dambiin Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakkoofsa 187/2008 Irradeebiidhaan Fooyyeessuuf Bahe Lakkoofsa 195/2010 Dambii kanaan haqamee jira.
3) Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**27. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Boordiin Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**28. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun guyyaa Waxabajjii 22, bara 2012 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**
**Waxabajjii 22, Bara 2012**

**Shimallis Abdiisaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**26. የተሻሩና ተፈጻሚነት የማይኖራቸው ህጎች**

1) የኦሮሚያ ግብርና ምርት ገበያ ድርጅትን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር 127/2002 በዚህ ደንብ ተሽሯል፡፡
2) የኦሮሚያ ኢንዱስትሪ ፓርኮች ልማት ኮርፖሬሽን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር 187/2008ን እንደገና ለማሻሻል የወጣ ደንብ ቁጥር 195/2010 በዚህ ደንብ ተሽሯል፡፡
3) ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረኑ ማናቸውም ደንብ፣መመሪያና ልማዳዊ አሰራር በዚህ ደንብ ውስጥ በከተካተቱት ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

**27. መመሪያ የማውጣት ስልጣን**

ይህን ደንብ ለማስፈጸም ቦርዱ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

**28. ደንቡ ስራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ ደንብ ከሰኔ 22 ቀን 2012 ጀምሮ ስራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ**
**ሰኔ 22 ቀን 2012 ዓ.ም**

**ሽመልስ አብዲሳ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**

**26. Repealed and Inapplicable Laws**

1) The Regulation to establish Oromia Agricultural Products Marketing Organization Number 127/2010 is here by repealed.
2) The Regulation to establish Oromia Industrial Parks Development Corporation Number 187/2016 and its Amendment Regulation Number 195/2018 is here by repealed.
3) Any Regulation, Directive and Work practices inconsistent with this Regulation shall not be applicable to the matters covered by this Regulation.

**27. Power to Issue Directive**

The Board may issue Directive for the implementation of this Regulation.

**28. Effective Date**

This Regulation shall come into farce as of 29 June 2020

**Finfinne,**
**June 29, 2020**

**Shimelis Abdisa**
**President of Oromia Regional State**